| | | Lakkoobsa: 7-800 |
|---|---|---|
| | **Qajeelcha Poolisii Minneapolis**<br>**Maanuwaalii Himaammataafi Adeemsaa** | |
| **Jildii Torba – Hojii Dirree** | | |
| **Deebii Tooftawaa** | | |

## 7-809 Giddu seentummaa Rakkoo

(06/22/01) (12/28/06) (11/06/07) (10/25/18) (03/01/19) (04/01/19) (08/15/22)

### I. Kaayyoo

Qulqullummaan jireenyaa, nageenyi qondaalaafi eegumsi ummataa himaammataafi hojimaata deebii gidduu seentummaa rakkoo Qajeelcha Poolisii Minneapolis (MPD) ta'a.

Kaayyoon himaammata kanaa hojjettoota MPD dhaabbatoo hundaaf walqunnamtii namoota rakkoo jiruun muddaman irratti himaammataafi hojimaata ifafi kan walsimatu kennuu ilaalchisee karaa:

- Nageenya namoota rakkoo keessa jiran, qondaalotaafi hawaasa Minneapolis fooyyessuu,
- Namoota rakkoo keessa jiran gargaaruuf furmaata hawaasaa babal'isuu, fi
- Namoota sana sirna haqaa yakkaa irraa fageessuuf.

### II. Hiikawwan

**Garee Deebii Rakkoo Amalaa (BCR):** Magaalaan Minneapolis gareewwan Deebii Rakkoo Amalaa (BCR) taateewwan rakkoo fayyaa sammuu jeequmsa hin qabneef deebii kennu hundeessiteetti. Namoonni rakkoo kanaaf deebii kennan hundi ogeeyyii fayyaa sammuu ykn akkaataa Seera MN kwt 245.426, kutaa xiqqaa. 17 fi 18 irratti ibsametti ogeessota jedhamanidha.

**Rakkoo:** Taatee ykn haala nageenyiifi fayyaan nama tokkoo qormaata fayyaa amalaatiin balaadhaaf saaxilamu, dhukkuba sammuu, hir'ina haala guddinaa, fayyadama wantootaa, ykn dhiphina humnaa ol ta'e dabalatee. Rakkinni namni tokko taatee ykn haala tokko akka rakkina hin danda'amneetti ilaaluu ykn muuxannoo qabeenya nama sanaa amma qabuufi mala dandamachuu isaa caalu kan of keessatti hammate yoo ta'u, jireenya isaa keessatti dhiphina hin baratamne kan namni sun akka yeroo idileetti hojjechuu hin dandeenye taasisu of keessatti qabachuu danda'a. Rakkoon sun tarkaanfii olka'aa ykn cimina yaada ykn gocha nama sanaaf ykn namoota biroof balaa ta'uu danda'uun fiixee irra ga'uu danda'a, garuu dirqama miti.

**Giddu-seentummaa rakkoo**: Yaaliin qondaalli MPD nama rakkoo keessa jiru tokko hammeenya irraa hir'isuuf ykn yeroo barbaachisaa ta'etti nama sana gara tajaajila birootti erguuf ykn karaa biraatti jijjiiruuf godhu.

**Qindeessaa giddu-seentummaa rakkoo:** Qondaala MPD kan Sagantaa Giddu-Seentummaa Rakkoof itti gaafatamummaa qabu. Qindeessaan Gidduu-Seentummaa Rakkoolee leenjii gidduu-seentummaa rakkoo, gabaasaafi himaammata dabalatee dhimmoota fayyaa sammuufi gidduu-seentummaa rakkoo MPD fi hawaasa hirmaachisu gidduutti bakka qunnamtiiti. Qindeessaan

Giddu-seentummaa Rakkoo hawaasaa hunda waliin michooma hariiroo hojii itti fufiinsa qabu ni qabaata, xiyyeeffannoo addaa fayyaa sammu fi tumsa abukaatummaa irratti ni kenna.

**Unka Funaansa Ragaalee Giddu-Seentummaa Rakkoo:** Unka funaansa ragaalee MPD dhaaf odeeffannoo giddu-seentummaa rakko barbaachisan walitti qabuun qaawwa deebiifi leenjii gidduu-seentummaa rakkoo hordofuufi madaaluuf kan oolu.

**Sagantaa Gidduu-Seentumma Rakkoo:** Sagantaa walta'iinsaa poolisii, eejensiiwwan fayyaa sammuu, abukaatota, akkasumas hawaasa gidduutti galma waloo nageenya, hubannoofi tajaajila namoota rakkoo keessa jiraniif, namoota dhimma fayyaa sammuutiin rakkataniifi maatii isaanii galmaan ga'uuf barbaadu. Galmoonni Sagantaa Giddu-Seentummaa Rakkoo kanaa:

- Namoota rakkoo keessa jiraniifi maatii isaanii, miseensota hawaasaa, akkasumas qondaalota nageenyaafi tasgabbii isaanii fooyyessuu.
- Namoota dhukkuba sammuu ykn rakkoon muddamaniif qulqullina jireenya isaanii fooyyessuu.
- Akkaataa ilaalchaa Hawaasaafi sirnootaa namoota dhukkuba sammuu ykn rakkoon muddamanii jijjiiruu.
- Sirni eegumsa fayyaafi haqaa to'atamtoota dhukkuba sammuu qaban ykn rakkoo keessa jiraniif deebii akkaataa itti kennan jijjiiruu.

**Qondaala Leenji'aa Giddu-Seentummaa Rakkoo:** Qondaala nagaa raggaasifame MPD kan leenjii gidduu-seentummaa rakkoo MPD'n mirkanaa'e xumure. Qondaaltonni Gidduu-Seentummaa Rakkoo Leenjifaman michoota hawaasaa, dhaabbilee fayyaa sammuufi dhaabbilee waliin ta'uun hojjetu.

**Hir'ina Akkaataa Guddinaa:** Hanqina qaamaa, hubannoo, ykn hirrina miiraa yeroo baay'ee jeequmsa guddina niwuroo kan akka 'cerebral palsy' ykn jeequmsa ootiizimii jabaadhaan kan uumamu ta'ee namni tokkoo hojiiwwan akka of kunuunsuu, afaan, barachuu, sochii qaamaa, ofiin of geggeessuu, hubannoo, ykn dandeettii of danda'ee jiraachuufi dinagdee of danda'uu keessatti hanqina akka qabaatu kan taasisudha.

**Hirmaannaan ala:** Hirmaannaa ala jechuun murtoo tarsiimoo dhiisuu, qunnamtii harkifachiisuu, ykn eegganoo tursiisuu nama rakkoo keessa jiru tokko hidhaan hatattamaa yeroo hin barbaachifnetti kan ta'udha.

**Rakkoo Sammuu:** Seera MN Keewwata 245.462, Keewwata Xiqqaa. 20 dhukkuba sammuu "jeequmsa orgaanikii sammuu ykn jeequmsa yaada, miira, hubannoo, kallattii, yaadannoo ykn amala kilinikaan barbaachisaa ta'eefi tarree koodii adda baasuu komishinarichaan maxxanfame keessatti bal'inaan ibsameefi dandeettii nama tokkoo akka malee daangessu jechuun ibsa jireenya guyyaa guyyaa keessatti wantoota jalqabaa kan akka hariiroo dhuunfaa,qindoomina jireenya, hojiifi bashannana irratti hojjechuuf." Haalli dhukkuba sammuu hojii hubannoo, miiraa ykn amala nama tokkoo isa idilee dhabuudhaan kan beekamu ta'uu danda'a, akkasumas sababoota hawaasummaa, xiinsammuu, baayookeemikaalaa, maatiirraa ykn kanneen birootiin kan dhufu ta'uu danda'a.

**Nama Rakkoo Keess Jiru (PIC):** Koodiin uumama nama taatee ykn haala rakkoo mudateef (akka himaammata kana keessatti ibsametti).

## III. Himaammata

**A.** MPDn namoota rakkoo keessa jiran waliin haala gatii(value) eegumsaa, nageenyaafi qulqullina jireenyaa calaqqisuun, kabaja namoota hundaa guddisuu keessatti walargee ni qabaata. Namoonni rakkoo keessa jiran miira olka'aa dabalataa barbaaduu danda'u ta'a.

**B.** Yeroo danda'amuufi barbaachisaa ta'etti, qondaalli tooftaalee hirri'isuufi filannoowwan biroo leenjii isaanii wajjin kan walsimu (akkaataa P&P 5-301) humna sadarkaa olaanaa ta'efayyadamuu qabu.

**C.** MPDn taateewwan dhukkubsattoota sammuu, hirkattummaa keemikaalaa yookiin rakkoo haala guddinaafi kanneen rakkoo keessa jiran hirmaachise, of eeggannoofi ogummaadhaan, namoonni akkasii fedhii isaanii irratti hundaa'uun deebii barbaachisaa ta'e akka argatan ni taasisa.

## IV. Hojimaata/Dambiilee

### A. Deebii Giddu-Seentummaa Rakkoo

1. Bilbila nama rakkoo keessa jiru hirmaachiseef deebii kennuu

   a. Yeroo danda'ametti, Qondaalli Giddu-Seentummaa Rakkoo Leenji'e taateewwan nama rakkoo keessa jiru kan ofii isaa ykn namoota biroo miidhuuf balaa uuma jedhamee amanamu hirmaachisanitti ni ergama, akkasumas:

      - Dhukkuba sammuu ykn hir'ina guddinaa qaba jedhamee kan amanamu, ykn
      - Keemikaala irratti kan hirkataa ykn mullinatti machaa'e jedhamee kan amanamu.

   b. Yoo qondaaltonni ergaman ykn bilbila Nama Rakkoo keessa jiru (PIC) hirmaachiseef deebii kennan leenjii Gidduu-galeessa Rakkoo hin fudhanne ta'e, qondaalli deebii kennuudhaaf Qondaaltota Gidduu-Seentummaa Rakkoo Leenji'aa erguun barbaachisaa ta'uu isaa ni beeksisu.

2. Tarkaanfiiwwan fudhatamaa jiran namicha beeksisuu

   Yeroo qabatamaan hojiirra oolutti, qondaaltonni odeeffannoo akka lakkoofsa quunnamtiifi sababa itti kennuu dabalatee, yeroo namicha gargaaran wal'aansa, yaaliin dabalataa barbaachisuu, ykn hidhamuus yoo ta'e tarkaanfiiwwan fudhatamaa jiran nama sanaafi maatii isaa (yoo bakka sana jiraatan) beeksisuu qabu.

3. Dargaggoota rakkoo keessa jiran

   a. Qondaaltonni bilbila nama rakkoo keessa jiru hirmaachisuuf deebii kennan, dargaggeessi tokko kunuunsa sammuu akka barbaadu (hidhamaas haa ta'u kan hin hidhamin) gargaarsa argachuuf Tajaajila Rakkoo Daa'immanii Fayyaa Sammuu Socho'aa 24/7 Kaawuntii Hennepin (612-348-2233) qunnamuu danda'u.

   b. Akkaataa Seera MN kwt 260E.06 tiin, qondaaltonni taatee kana Hamma Fudhachuu Tajaajila Eegumsa Daa'immanii 612-348-3552 irratti ni gabaasu.

**B. Hojimaata Seensa Hatattamaafi Tursiisuu Geejjibaa**

1. Tursiisuu Geejjibaa

   Akkaataa Seera MN kwt 253B.051,kutaa xiqqaa 1, qondaalli nagaa ykn qondaalli fayyaa tokko, amala nama sanaa kallattiin ilaaluudhaan yookiin odeeffannoo amanamaa amala nama sanaa kan dhihoo, akkasumas yoo jiraate, beekumsa yookiin odeeffannoo amanamaa amala ykn yaala nama sanaa kan yeroo darbe (qaata) balaa namni sun ofiisaa ykn nama biraa irratti raawwate ibsutti amanuuf sababa qabaachuu, akkasumas:

   - Dhukkuba sammuu ykn hir'ina guddinaa qaamaa qaba jedhamee kan amanamu.
   - Keemikaala irratti kan hirkataa ykn mullinatti machaa'e jedhamee kan amanamu.

   a. Nama dhuunfaa tokko qabduu geejjibaa jalatti to'annaa jala oolchuuf wantootni armaan gadii lamaan ni barbaachisu:

      - Dhukkuba sammuu ykn hir'ina haala guddinaa kan qabu, ykn keemikaalaa irratti kan hirkataa ykn mullinatti kan machaa'e.

      *akkasumas*
      - Yoo hatattamaan to'annoo jala galuu baate ofii isaa ykn namoota biroo miidhuuf balaa yoo qabaate.

      i. Ibsi qondaala poolisii maaliif qondaalli sun qaamoleen lamaan hojiirra ooluu danda'u jedhee akka amane, sababa akka qabu mirkaneessuuf dhugaawwan jiran ibsuu qaba.

   b. Qondaalli nagaa ykn fayyaa amala ykn dhugaawwan biroo qabduu geejjibaa irratti hundaa'e kallattiin ilaaluun isa hin barbaachisu akkasumas odeeffannoo maddoota amanamoofi sababa qabeessa ta'an biroo irraa argamu ilaaluu ni danda'a.

      i. Maddoonni ibsaa jecha nama sanaa, ragaa baatota, miseensota maatii ykn qaamaa mullatu mataa isaa irratti hundaa'uu danda'u.

      ii. waantotni maqaa hin beekamne kallattiin ilaaluudhaan ykn maddoota adda baafamuu danda'aniifi amanamoo ta'aniin mirkanaa'uu qaba.

c. Namni rakkoo keessa jiru namoota biroo osoo hin taane ofii isaa miidhuudhaan qofa balaa kan uumu yoo ta'e, akkasumas tursiisuu geejjibaa kan ittisu yoo ta'e, qondaaltonni nama rakkoo keessa jiru waliin qunnamtiin itti fufuun isaa nama sana, ummata ykn qondaaltota irratti balaa hin barbaachifne fiduu danda'uufi dhiisuu isaa yaada keessa galchuu qabu.

   i. Qondaaltonni balaan of miidhuudhaan nama rakkoo keessa jiru kana booda dhihoo ta'eefi namni sun yakka cimaa ykn jeequmsaa hin raawwanne humna qaamaa fayyadamuu irraa of qusachuuf tarsiimoodhaan hammachuu ykn ofirraa baasuu filachuu ni danda'u.

   ii. Qondaaltonni tooftaa kana fayyadamuu yaaduu kan qaban yeroo kana gochuun nageenyaafi of eeggannoo qabu qofa.

d. Qondaalli Poolisichi nama tokko to'annaa jala oolchuuf Unka Madaallii Balaa Tasaa (MP-9094), unka MPD "qabduu geejjibaa" jedhamuunis kan beekamu, Seera MN kwt 253B.051 kutaa xiqqaa. 1 fi nama sana gara dhaabbata eegumsa fayyaatti sakattaaf geejjibsiisuu qaba.

   i. Unki kana 'City Talk' irraa Unkawwan kan jedhu jalatti argamuu danda'a.

   ii. Unkaan kun toora interneetii irratti guutuun ni danda'ama garuu raabsuuf maxxanfamuu qaba.

   iii. Poolisiin unka guutu galagalcha unka guutame sanaa kanneen armaan gadiitiif ni kenna:

      - dhaabbata eegumsa fayyaa,
      - nama to'annaa jala oole fi
      - gara dhaabbata geejjibaa, yoo namni sun poolisiin hin geejjibsiifamne ta'e.

e. Tursiisuu geejjibaa namni sun gara hospitaalaatti geejjibsiifamee hanga sakattaa yaaliitti akka qabamu taasisa. Sakattaa yaalii booda manni yaalaa sun nama sana gadhiisuu ykn sa'aatii 72f tursiisa jala kaa'uu danda'a.

   i. Qondaalli Poolisii tokko waamicha qondaalli fayyaa nama geejjibsiisuuf gargaaruuf yeroo deebii kennu, qondaaltonni fayyaa qondaaltota poolisootaaf seera jalatti qabduu geejjibaa barreessuudhaaf ga'umsa akka qaban of beeksisuu qabu.

   ii. Ajajni qabduu geejjibaa qondaala fayyaatiin (bakka sanatti ykn bakka sanaa ala) barreeffamee qondaaltota poolisiif yoo dhiyaate, qondaaltotni poolisii qabduu geejjibaa raawwachuuf gargaaruu ni danda'u.

   iii. Qondaaltonni dhimmoota armaan olitti ibsaman irratti hundaa'uun, qabduu geejjibaa mallatteessuufis aangoo qabu.

2. . Qondaala fayyaa ibsame

   Akkaataa Seera MN kwt 253B.02, kutaa xiqqaa. 9 jalaatti, qondaalli fayyaa kanneen armaan gadii keessaa tokko jedhamee ibsama:

   - ogeessa fayyaa(hakiima) hayyama qabu;
   - ogeessa fayyaa sammuu (akkaataa Seera MN kwt 245.462, kutaa xiqqaa. 18 keessatti ibsametti);
   - hojjetaa hawaasummaa hayyama qabu;
   - narsii galmaa'ee kutaa balaa tasaa hospitaala tokkoo keessatti hojjetu;
   - narsii galmaa'e hojii sadarkaa olaanaa (APRN (APRN);
   - ogeessa fayyaa sammuu gidduu seensaa muddama socho'aa; yookaan;
   - miseensa kutaa qorannoo iyyannoo duraa sirnaan muudame.

3. Geejjibaa Seensa Hatattamaatiif

   a. Geejjibni barbaachisaan kamiyyuu seensa hatattamaatiif gara dhaabbata eegumsa fayyaa (fkn. HCMC, Fairview Riverside, NMMC ykn Abbott) dhaquu qaba.

   b. Sakatta'iinsi nama to'annaa jala oolfamee geejjibsiifame hundi akkaataa himaammata Barbaachaafi Qabduu (P&P 9-201) tiin ta'a.

   c. Qondaaltonni nama rakkoo qabu gara hospitaalaatti geessuuf ambulaansii akka gaafatan ni jajjabeeffamu.

      i. Qondaalli tokko yeroo nama rakkoo qabu gara hospitaalaatti geessuu ambulaansii seenuu qaba.

   d. Namni geejjibsiifamu dargaggeessa yoo ta'e, qondaaltonni dafanii warra ykn guddiftuu beeksisuudhaaf yaaliin madaalawaa ta'e ni taasisu.

   e. Kutaa Seensa Hatattamaa MPD Seensa Hatattamaatif eejjibsiisuu ilaalchisee falmiin yoo uumame, Suppervaayizarri gara bakka balaan kun itti dhaqqabeetti ni waama.

   f. Seera MN keewwata 253B.051 kutaa xiqqaa 1(e) akka jedhutti "hanga danda'ametti, qondaalli nagaa nama meeshaa wal'aansaa keessa kaa'ameef, sagantaa wal'aansaa mootummaan hoogganamu, ykn sagantaa wal'aansa hawaasaa bu'uuraa kutaa xiqqaa kana jalatti kaa'ame geejjibsiisu uffata hojii uffachuu hin qabu, akkasumas konkolaataa akka konkolaataa seera kabachiisuutti adda baafamee mul'atu fayyadamuu hin qabu." Geejjibni barbaachisaa ta'eefi qabeenyi mallattoo hin qabneefi uffata guyyuu hin qabne yoo jiraate, qondaaltonni kanneenitti fayyadamuun geejjibsiisuu qabu.

**C. Namoota Rakkoo keessa jiraatanii Xiyyeeffannoo Yaalaa ykn Geejjibaa Barbaadan**

1. Qondaaltonni EMS bilbilanii akkaataa P&P 7-350 tti Deebii Yaalaa Hatattamaatiin gargaarsa jalqabaa ni kennu.

2. Namni rakkoo keessa jiru tokko geejjibaa barbaade garuu sababa haala fayyaa ykn qaamaa ykn haala birootiin miilaan deemuu yoo dadhabe, qondaalli EMS bilbiluun nama sana gara dhaabbata yaalaa geessuu qaba.

**D. Rakkoo Keessatti Namoota Harka Hidhuu**

1. Qondaaltonni nama rakkoo keessa jiru to'annaa jala galchan of eeggannoo guddaa gochuufi yoo namni sun karaa biraatiin hin to'atamne harka hidhuu qabu (akkaataa P&P 9-109 tti).

2. Yeroo nageenya qabuufi danda'amutti, itti fayyadamni harka hidhaa nama harka hidhamee jiruu fi warra ykn miseensa maatii (yoo jiraatan) haala tooftawaa ta'een, afaan umurii isaanii wajjin walsimu daa'imman umuriin isaanii hin geenye fayyadamuudhaan ibsamuu qaba.

3. Namni rakkoo keessa jiru erga tasgabbaa'ee, to'annoo jala oolfamee harki hidhamee booda, qondaalli nama sana yeroo to'annoo jala oolchu akka barbaachisummaa isaatti to'annoo walirraa hin cinne jala tursuu, akkasumas akka barbaachisummaa isaatti tooftaalee ittii waan sana hirrisu hojiirra oolchuu itti fufa.

**E. Hojimaata Gabaasuu**

Qondaaltonni taatee nama rakkoo keessa jiru kamiyyuu hirmaachisuuf deebii kennan ulaagaalee gabaasaa armaan gadii guutuu qabu:

1. Gabaasa geejjibaa Seensa hatattamaatiif

   a. Namni rakkoo keessa jiru tokko MPD tiin tursiisuu geejjibaa jala yeroo galfamu, akkasumas fedhii malee geejjibsiifamu, qondaalli (qondaaltonni) geejjibaa Gabaasa Poolisii mata dureen isaa CIC jedhu ni guutu.

   b. Yeroo MPD n dhaabbata deebii kennuu isa jalqabaa ta'eefi geejjibni ambulaansii barbaachisaa ta'uu isaa murteessu, qondaalli (qondaaltonni) Gabaasa Poolisii mata duree CIC jedhu ni guutu.

   c. Yeroo MPD n dhaabbata deebii kennuu jalqabaa hin taanetti, akkasumas namni rakkoo keessa jiru tokko bakka geejjibaa jala kaa'ameefi ambulaansiidhaan (ykn karaa MPDn ala ta'een) geejjibsiifamu, bilbila qulqulleeffachuun dura qondaalli (qondaaltonni) MECCn koodii uumamaa gara PICtti akka jijjiiru gaafachuu qaba.

      i. Qondaaltonni MPD tursiisuu geejjibaa qondaalli fayyaa gaafate yeroo xumuran, qondaalli MPD unka qabannaa guutame lakkoofsa taatee jalatti waraabbii gara Evidence.com tti ol kaa'u, akkasumas qabduu geejjibaa yaada dabalataa CAD keessatti ni hubatu.

2. Caqasuu ykn hidhuu

   Namni tokko yeroo rakkoo keessa jiru yakka raawwateen caqasamee gad lakkifama ykn badii dalageef ni hidhama, qondaalli hidhe Gabaasa Poolisii ni guuta.

3. Koodii uumamaa

   Yoo taateen jalqabaa (fkn CKWEL, SUSPP, DIST) booda taatee nama rakkoo keessa jiru akka hirmaachisu murtaa'e, qondaaltonni MECC bilbila qulqulleessuu isaa dura koodii uumamaa gara PICtti akka jijjiiramu gaafachuu qabu.

4. Gabaasa

   Gabaasni yeroo barbaachisutti, qondaaltonni Gabaasa Poolisii guutan:

   a. CIC akka koodii jalqabaatti fayyadamuu ykn yeroo CIC n hirmaatu garuu koodii jalqabaa osoo hin taane CIC akka koodii dabalataatti hammachisu.

   b. Ibsa gabaabaa gabaasa kamiyyuu ummataaf ifa gochuuf jiru keessatti waa'ee fayyaa sammuu nama tokkoo eeruun irraa of qusadhu. Odeeffannoon akkasii hundi kutaa seeneffama ummataaf hin taane keessatti galmaa'uu qaba.

5. Unka Funaansa Ragaalee Gidduu-Seentummaa Rakkoo

   a. Koodiin uumama bilbilaa PIC yeroo ta'u, gareen jalqabaa waamicha to'atu qulqulleessuu isaa dura unka Funaansa Ragaa Giddu-Seentummaa Rakkoo MDC keessatti guutuu qaba. Unki kun gabaasa barbaachisu kamiyyuu bakka hin bu'u.

   b. Gaaffiin unka Funaansa Ragaalee Giddu-Seentummaa Rakkoo ilaalchisee Qindeessaa Giddu-Seentummaa Rakkootti qajeelfamuu qaba.

**F. Tursiisuu Geejjibaa ykn Qabduu Sa'aatii 72 irraa Dafanii Gadi Lakkifamuu**

Dhaabbanni wal'aansaa tokko nama tokko bakka geejjibaa qondaaltota MPDn kaa'ame irraa yookiin qabiinsa sa'aatii 72f dhaabbata wal'aansaan kaa'ame irraa yoo gadhiise, yeroon qabannaa osoo hin xumuramin dura, beeksisni walqabatee dhaabbaticha irraa dhufu hundi supparvaayizara naannootiif naannoo namni sun to'annaa jala oolee jirutti dabarfamuu qaba. Suppervaayizarri dhimmicha gamaaggamee tarkaanfii dabalataa ilaalchisee murtii ni kenna.

**G. Filannoo yaala dabalataa**

1. Filannoon yaala dabalataa dhaabbilee fayyaa amalaafi tajaajila hawaasummaa, buleeyyiifi kanneen mana hin qabne, tajaajila daa'immaniifi dargaggoota, akkasumas sirna hospitaalaa bakka MPD n tuqaa waliinii irratti Qabeenya Gidduu-Seentummaa Rakkoo jalatti kennama.

2. Qondaalli tokko ejensii haaraa akka qabeenyaatti itti fayyadamuu danda'u yoo beeke, qondaalli sun Qindeessaa Gidduu-Seentummaa Rakkoo karaa iimeeliitiin beeksisuufi

maqaa, teessoo fi lakkoofsa bilbilaa ejensichaa akkasumas qabeenya kennamuu danda'u dabaluu qaba. Qindeessaan Giddu-Seentummaa Rakkoo odeeffannoo kana Qabeenya Giddu-Seentummaa Rakkootti ni dabala.

## H. Gareewwan Deebii Rakkoo Amalaa (BCR)

1. Deebii BCR

   Gareen BCR yeroo hojii irra jiran bilbila 911 miseensota hawaasaa qormaata fayyaa sammuu qaban hirmaachise deebii ni kennu. Waamichi tajaajilaa karaa MECC qofaan gara gareewwan BCRtti kan darbu ta'a. Toora bilbilaa yeroo rakkoo hin qaban. Bilbiloonni nama ergamuun ni ramadamu..

2. Geejjiba BCR

   Gareen BCR fedhii isaaniitiin qofa namoota geejjibsiisuu danda'u. Namoota bakka tursiisuu geejjibaa irra kaa'aman hin geejjibsiisan.

3. Gosa bilbilaafi Iskiriinii gochuu

   a. Gareen BCR yeroo hojiirra jiran, MECC bilbila iskiriinii godhee deebii BCRf mijachuufi dhiisuu isaa ni murteessa. Waamichi akkasii koodii uumamaa kanneen akka ta'e kan adda baasu:

      - BCR (Deebiin Rakkoo Amala), fi
      - BCRW (Nageenya Deebii Rakkoo Amala)

   b. Gareen BCR tokko hojiirra kan hin jirre ykn deebii kennuuf hin argamne yoo ta'e, ykn haalli bilbilaa deebii Qondaala Leenjii Giddu-Seentummaa Rakkoo barbaadu yoo jijjiirame, MECC koodii uumamaa gara koodii uumamaa MPD barbaachisaa ta'etti (PIC, CKWEL, fi kkf) ni jijjiira akkasumas garee tokko ni erga. Gareen BCR yeroo dhufan qajeelfama qondaala deebii kennuuf ni abboomamu.

   c. Qondaaltonni waamicha akkasii irratti ergaman himaammata MPD amma jiruufi leenjii bilbila kanaaf deebii kennuu hordofuu qabu.

   d. Akkaataa pirootokoolii MECCtiin, taateewwan namoota rakkoo keessa jiran kanneen dhukkuba sammuu ykn qaama miidhamtoota rakkoo guddinaa qaban jedhaman hirmaachisanitti, haalawwan armaan gadii keessatti, Qondaalli Leenjii Giddu-Seentummaa Rakkoo ergamuu qaba:

      - Qawwee(wwan) dhukaasaa ykn meeshaa dhukaasaa(wwan) dhimmicha keessa jiran argachuu
      - Meeshaa waraanaa (meeshaa waraanaa) yeroo ammaa harka isaanii jiru ykn itti fayyadama meeshaa waraanaa (meeshaa waraanaa) sodaachisaa ta'e
      - Miidhaan qaamaa yoo uumame ykn rakkoon jeequmsa qaamaa namoota biroo irratti yoo raawwatame

- Yeroo miidhaan lubbuu namaa balaa irra buusu (fakkeenyaaf: namni tokko kiniinii liqimsee, qoricha ajajame caalaa fudhate, alkoolii fi kkf)
- Haalota nageenya mirkaneessuuf gidduu seentummaa qaamaa of keessaa qaban, kana jechuun, nama riqicha ykn fitteerra irratti argamu
- Gareen BCR bakka sanatti argamuun bakki sun nageenya akka hin qabne yeroo murteessu